# “Salaata dirqamaa hunda boodatti namni isaan jedhu -yookaan isaan hojjatu- hin hoongahu, "subhaanallaah" yeroo soddomii sadii, "Alhamdulih" yeroo soddomii sadii, “Allaahu Akbar” yeroo soddomii afur”

Ka’ab bin Ujraa irraa odeeffame Rabbiin irraa haa jaallatu, Ergamaa Rabbii, nagaa fi rahmatni irra haa jiraatuu, ni jedhan: “Salaata dirqamaa hunda boodatti namni isaan jedhu -yookaan isaan hojjatu- hin hoongahu, "subhaanallaah" yeroo soddomii sadii, "Alhamdulih" yeroo soddomii sadii, “Allaahu Akbar” yeroo soddomii afur”.
[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmatni irra haa jiraatu- zikriiwwan namni isaan jedhe hin kasaarre fi hin gaabbine himan, inumaayyuu mindaan jechoota kanaa akka isaaf jiruu fi gariin isaanii garii booda akka dhufu, akkasumas isaan salaata dirqamaa booda akka jedhaman eeraniiru, isaanis: "Subhaanallaah" yeroo soddomii sadii, Rabbii ol ta'e hanqina hundumaa irraa qulqulleessuudha. "Alhamdulillaah" yeroo soddomii sadii, innis Isa jaalachuu fi guddisuu waliin guutummina hoonga gayaa ta'een Rabbi ibsuudha. "Allaahu Akbar" yeroo soddomii afur, kunis Rabbiin waan hundumaa caala, irra guddaa fi jabaadha jechuudha.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee